**Gadaa Journal/Barruulee Gadaa**

**Vol. 3 No. 2 June 2020**
**https:journals.ju.edu.et**

**e-ISSN: 2616-3985**
**p-ISSN: 2616-3977**

**A Bilingual Journal of the Institute of Oromo Studies (IOS) Jimma University**

*Full Length Research Paper*

# Qaaccessa Ga'umsa Qabiyyee Qorumsa Afaan Oromoo Barsiisaa Dareen Qophaaye: Waa'ee Mana Barumsaa Sad. 2ffa Ambootti, Kutaa 9ffaa

**Alamnash Bayyisaa[1], Fiqaaduu Bayyisaa[2]*, Mootummaa Hirpassaa[3]**

[1]Ambo Secondary School
[2]Ambo Unibersity, Department of English Language and Literature, PhD Candidate, UNISA3
[3]Ambo University, department of Afan Oromo and Literature, PhD scholar at UNISA)
Email: fikadubayisa@gmail.com

Submission Date: February 27, 2020
Acceptance Date: June 30, 2020

## Axareeraa

*Qorumsa barnoota afaanii keessatti safartuu bu'uuraa ta'ee barattoonni waan baratan hangam akka hubatan kan ittiin agarsiifamudha.Qorumsi qophaa'us qabiyyeewwan afaanii barsiifame san bu'uura godhachuu qaba. Qorumsi tokko ga'umsa qabaachuuf qabiyyeewwan sirnaan qophaayanii barsiisaman calaqqisiisuu qaba. Haaluma kanaan kayyoon qorannoo kanaa qaaccessa ga'umsa qabiyyee qorumsawwan barnoota Afaan Oromoo kutaa 9[ffaa] barsiisota dareetiin qophaa'anii baroota 2007-2009tti kennamanirratti xiyyeefata. Malli qorannoo kana keessatti dhimma itti bahame mala qorannoo ammamtaafi akkamtaati.Meeshaalee fuunaansa ragaa afgaaffiifi sakatta'a ragaagargaaramuun ragaalee kanneen akka silabasiifi kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9[ffaa], akkasumas qorumsa semisteera 1[ffaa] fi 2[ffa] barnoota Afaan Oromoo kan yeroon qorannoo irratti xiyyeeffataman sakatta'uun ragaaleen gabatee kanaaf qophaa'e keessatti walitti qabamaniiru.Ragaaleen kanneen irratti hundaa'uun hangam qabiyyeewwan gurguddaa silabasii barnoota Afaan Oromoo kutichaa fi qorumsi barnoota Afaan Oromoo kutichaatiif[a] barsiisotaan qophaa'an akka walsiman ilaaluuf qaaccessameera. Firiiwwan qaaccessa ragaalee kanneen irraa qorumsawwan barnoota Afaan Oromoo kunniin ga'umsa qabiyyee kan hinqabne ta'u isaaniiti.Yaboon qorataas, barnoota Afaan Oromoo kutaa 9[ffaa] barsiisaa dareetiin wayita fuuladuraaf qophaa'an, qabiyyeewwan gurguddoo kitaaba barataa keessatti dhihaatan barsiifamuufi barsiisonnis kanuma gochaan raawwatamuu isaa mirkaneessuuf akka qopheessuu qaban kana agarsiisuta'uuqaba, kanjedhudha.*

**Jechoota Ijoo:** Siilabasii, Qormaata, Ga'umsa qabiyyee, Qormaata barsiisaa daree

* Corresponding author.

## Abstract

*In language education, examination is one of the most important indicators to measure the level of students' learning. Teachers' examination is expected be based on what students have learnt. The examination should orient the content of the course. In this vein, the main objective this study was analyzing the content validity of grade 9 teachers' Afaan Oromoo education classroom examinations set during 2007-2009 E.C at Ambo secondary schools. To this end, the analysis of two semester examinations and syllabus analysis of Afaan Oromoo for grade 9 were purposively made to determine the relationship between the contents of the examination and the syllabus. The content validity analysis focused on the main language domains in the examination and in the syllabus such as writing, listening, reading, speaking, grammar and vocabulary. The overall result of the study showed that the content validity of Afaan Oromoo teacher-made examination was almost none. Therefore, the solution to the problem lies in bringing about improvement in aligning the major contents of the teachers' examinations with the main contents of the syllabus and the major language domains the students had learnt in the students' textbook to promote the positive effects of content validity of their examination.*

**Keywords:** *Syllabus, Examination, Content validity, Teacher-made examination*

---

# 1.Seensa

## 1.1Seenduubee Qorannichaa

Qorumsi barnoota afaanii keessatti seenaa baroota dheeraa kan qabuufi qaama baruufi barsiisuu ta'ee ilaalamaa kan tureefi kan jirudha. Qorusmi meeshaa beekumsaafi dandeettii barataa tokkoo irratti ciminaafi hanqina jiru safaruudhaan tarkaanfii itti fufu kan itti ibsamudha (Ur, 1996: p.37; Hughes, 1989:pp. 57-58). Afaan barsiisuufi qorumsa afaanii kennuun hariiroo cimaa kan qabanidha (Heaton, 1975: p.103). Kaayyoon barnoota afaanii barattoonni barumsa barataniin beekumsa uumamaafi aadaa Afaan Oromoo, jijjirama amalaafi dandeettti ogummaa afaanii akka fidan taasisuuyoo ta'u kunis kan galma ga'u qormaata kennuudhaan akka ta'eefi barsiisuufi qoruun qaama adda hinbaane ta'ee kan geggeeffamu yoo ta'edha (Brown, 1980:p.91

Kaayyoon qorumsa afaanii akkuma gosoota qorumsichaa adda adda ta'uu ni danda'a. Akka Bachman(1990) fiHeaton (1991) ibsanitti gosoonni qorumsaa hedduun akkuma jiran, kaayyoon isaaniis hedduudha. Ijoowwan ta'an keeeessaas: Dandeettii afaan barattootaa ilaaluun barnoota itti aanu bifa isaan madaaluun qopheessuuf, barattoonni qabiyyee yeroo murtaa'aa keessatti hangam akka hubatan mirkaneessuuf, hanqinaafi cimina jiru adda baasuun fooyya'iinsa barbaachisu taasisuufi kaayyoon barnootaa barataa biratti hangam akka hojiirra oole mirkaneessuuf akka ta'e hayyoonni kunneen ni'ibsu. Qorumsi galma yaadame bira ga'uuf seeraan qophaa'uu qaba. Qormaanni haalaan qophaa'e tokko adeemsa baruufi barsiisuu keessatti faayidaan isaa olaanaa yoo ta'u kan seeraan hinqophoofne yoo ta'e garuu, faallaa kanaa miidhaa cimaa kan geessisudha (Madsen 1983).

Akkasumas, qorumsi afaaniis faayidaa garaa garaa qaba. Yaada kana Bachman (1990) yommuu addeessu, qorumsi afaanii faayidaa gurguddaa lama qaba. Tokkooffaan murtii sagantaa barnootaa kennuu keessatti akka madda odeefannootti tajaajila. Lammaffaa immoo, akka agarsiistota ga'umsawwan qorannoo afaanii, afaan baruufi barsiisuu keessatti barbaadamanitti gargaara. Healton (1991) akka ibsutti kaayyoon qorumsa afaanii dandeettii (ga'umsa) barattootaa beekuuf, qabxiilee hubatamuu dadhaban adda baasuuf, barattoota jajjabeessuuf, iddoo barbaachisaa ta'etti ramaduufi ga'umsa isaanii beekuuf akka geggeeffamu lafa kaa'a.Kana jechuun qorumsi akka walii galaatti hirmaattota isaa dhimmoota garagaraatiif yaadamee raawwatamuu akka dandahu hubatama. Qabiyyeewwan afaanii kanneen jedhaman keessaas, dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuu,

barreessuu, seerluga, jechootafi og- barruudha (Heaton, 1988) eeruun nidandahama.Qorumsi qophaa'us qabiyyeewwan kanneen giddu- galeessa taasisuu nidandaha.

Galma ga'iinsa qabiyyeewwan kanaa haala ittiin mirkaneessinu keessaa, qorumsi barsiisaadhaan qophaa'u isa tokkodha. Qorannoon Black fi William(1998) fi Popham (2008b) ttiin adeemisfame akka ibsutti, gosoonni madaallii adda addaa kan haala barumsaa gargaaraniifi barsiisummaan gara fuulduraatti akka guddatu taasisan baay'eetu jiru. Kanneen keessaa qorumsi barsiisaadhaan kutaa keessatti qophaa'u mala maadaalli isa guddaafi yeroo baay'ee faayidaarra oolaa jirudha. Akka Harrison (1989)tti qorumsi barsiisan qophaa'e beekumsa barattootni horatan madaaluuf kan fayyadudha. Keessumaayyuu, qorumsi seeraan qindaa'ee qophaa'e faayidaa adda addaa qaba. Tokkoffaa qorumsi kun barsiisaan kutaa keessatti wanta qophaa'uuf qabiyyeewwaniifi kaayyoowwan barumsaaf kenname faana kan wal simatudha. Lammaffaa qorumsi barsiisaan qophaa'u gatii baay'ee salphaa ta'een qopha'uu danda'a (Clark, 2008). Sadaffaa, qorumsi kaayyoowwan barumsaa kenname irratti hunda'ee qopha'ee, odeefannoo hangam barattootni gadifageenyaan qabiyyee barumsa kenname akka qabatan baruuf gargaara (Wiggins, 1989). Kana malees, ga'umsi barattootaa qorumsa barsiisaan qopha'een argame, ga'umsa barattotni qorumsa biyyoolessaarratti qaban tilmaamuuf nifayyada (Notar, 2004).

Haaluma walfakkaatuun, Afaan Oromoo erga afaan barnootaa, afaan hojii, afaan ogbaruufi afaan qorannoo ta'uu egalee Gadaa sadii ol lakkoofsiiseera. Baroota kanneen kessatti barattootni barnoota Afaan Oromoo hagam akka qalbeeffatan ilaaluufqorumsi kennamaa ture.Qorumsa barsiisaa dareetiin qophaa'uufi biyyooleessaa kutaalee 9^ffaa^fi 10^ffaa^tti kennamuu eegaluun isaas waggoota 20 ol ta'eera.Fakkeenyaaf, qorumsi barsiistotani barnoota Afaan Oromoo kutaa 9^ffaa^ barsiisaan qophaawan dandeettibarattoonni qabiyyee kutaa 9^ffaa^ keessatti horatan madaaluu irratti xiyyeeffata. Kaayyoo isaa galmaan ga'uuf immoo qorumsichi ga'umsa qabaachuun barbaachisaadha. Ga'umsi immoo qorannootiin mirkanaa'u barbaada. Ga'umsa qorumsi qabaachuu qabu keessaa tokko immoo ga'umsa qabiyyeeti.Beektoonni afaanii akka ibsanitti qorumsi tokko ga'umsa qabiyyee qabaachuuf, qabiyyeewwan barsiisaman calaqqisiisuu qaba.

Qorannoowwan adda adda ga'umsa qabiyyee qorumsa irratti xiyyeffatan gaggeefamaniiru.Kanneen keessaas, Hailu (2015) qorannoo mata duree ga'umsa qabiyyee qorumsa kutaa 11^ffaa^ Afaan Ingilizii barsiisaa dareetiin qophaa'e jedhu irratti gaggeesee ture. Akka argannoo qorannoo isaattis, qabiyyyeen qorumsa Afaan Ingilizii barsiisaan qophaa'ee kenname qabiyyee silabasiifi kitaaba barataa barnoota Afaan Ingilizii kutaa 11^ffaa^ kan walhinsimne ta'uusaa agarsiisa. Dabalataanis, gosni qormaataa qorumsa Afaan Ingilizii barsiisaan qophaa'ee kenname gosa qormaataa daree keessaa kitaaba barataa kutaa 11^ffaa^ irra jiru faana akka wal hinsimne irra gaheera. Qorannoon Motuma (2018) yunivrsiitii Amboo kessatti Afaan Inglizii irratti geggeefames agrannoo walfakkaatu muli'isa.Haaluma kanaan qorannoon kun ga'umsa qabiyyee qorumsawwan Afaan Oromoo kutaa 9^ffaa^ mana barumsaa sad.2^ffaa^ Ambootti barsiisaa dareetiin qophaa'an qaaccessuurratti xiyyeeffatte.

### 1.2.Ka'umsa Qorannichaa

Walsimannaa dhabuu qaqbiyyee barnoota Afaan Oromoo kitaaba kutaa 9^ffaa^qorumsa barsiisaa dareenkittaabicha keessaabahee barattootaaf keenamuu irrattiyeroo barsiisonni komii kaasanitu dhagahama. Akkaataa muuxannoon yeroo addaddaa waliga'iiwwaniifi leenjiiwwan addaddaa irratti agarsiisutti, sababa walsimuu dhabuu qorumsaafi kitaaboleetiin kufaatiin barattootaa akka dabalaa dhufes barsiisotni barnoota kana barsiisan nidubatu.Dabalataanis, barattootni yeroo qorumsi Afaan Oromoo kitaaba kutaa kanaa irrahundaa'ee hinbahu jedhaniifi kanuma faana walqabatee kitaaba Afaan Oromoo akka hindubbifnes kaasu.Kun immoo, ga'umsi barattootni qabiyyee kitaaba Afaan

Oromoo irratti qaban gadaanaa ta'uusaa nuhubachiisa. Muuxannoo jiru irraa ka'amee yoo ilaalamuu qabiyyeewwan kitaaba barnoota Afaan Oromoo keessa jiruufi qorumsi Afaan Oromoo yeroo itti walhinsimannetu mul'ata (Jawaar, 2007; Motuma, 2014; Taasisaa, 2010; Jaayilaan, 2007).

Yaada ga'umsa qabiyyee qorumsaa kana gara qorumsa biyyoolessaatti fidnee yoo ilaalle, qorumsi biyyooleessaa akka waliigalaatti hir'ina guddaa akka qabu argina. Argannoon Taasisaan (2010) bira ga'ame akka agarsiisutti, gosoonni gaaffilee qorumsawwan biyyoolessaa Afaan Oromoo kutaa 10^ffaa qophaa'uun kennamaa turan gosoota gaaffilee kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9^ffaa fi 10^ffaa keessatti shaakalaman kan calaqqisiisan miti. Jawaar (2007) qoranno mata duree qaaccessa ga'umsa qabiyyee qorumsa guutuu biyyaa xumura kutaa 10ffaa jedhu gaggeesserratti, Afaan Oromoo erga qorumsa guutuu biyyooleessaarratti kennamuu eegalee qorannoowwan ga'umsa qabiyyee isaa mirkaneessuuf geggefaman ga'aa akka hintaane ibsa. Haaluma walfakkaatuun, Jaayilaan (2007: P.89) yeroo ibsu, qorumsi biyyoolessaa Afaan Oromoo kutaa 10^ffaa hanqina ga'umsa qabiyyee akka qabu barsiisonni Afaan Oromoo, barattoonniifi ogeessonni afaanii ni ibsu.Fakkeenyaaf, gaaffileen gosoota qabiyyee dhaggeeffachuufi barreessuu keessaa jiran tokko tokko qabiyyeewwan kitaaba barataa keessa jiran waliin akka walhinsimanneagarsiisuuf yaalaniiru (Motuma, 2015).

Kana malees, muuxannoon barnoota Ingliffaan kutaaleefi manneen barnootaa adda addaa keessa jirus kanuma mirkaneessa. Argannoon Argaw (2004) qorannoo ga'umsa qabiyyee qorumsa biyyooleessaa Afaan Ingilizii Kutaa 10^ffaa irratti gaggeeses yaaduma kana cimsa. Akka argannichaatti qabiyyeen qorumsa biyyooleessaa Afaan Ingilizii Kutaa 10^ffaa bara 1995 kenname qabiyyee silabaasiifi kitaaba barataa barnoota Afaan Ingilizii Kutaa 9^ffaa fi 10^ffaa n kan walhinsimanne ta'uusaa agarsiisa. Hanqinoota walsimannaa dhabuu qabiyyee qorumsaaleefi kitaabolee Afaan IngliziiskanAfaan Oromoo ilaalchisee komii barattootaafi barsiisota biraa yeroo addaddaatti mul'atanis ka'umsa qorannoo kanaati. Walumaagalatti, qorannoowwan ga'umsa qabiyyee qorumsa ilaalchisee gahee barsiisotsi gosabarnootichaa barsiisaniin gaggeefaman kanxiyyeeffannoo barbaadudha.Qorannoon ga'umsa qabiyyee qorumsa Afaan Oromoo barsiisaa dareen qopha'eefi kutaa 9^ffaa irratti gaggeefame, qorattootni baay'inaan hinargine. Haaluma kanaan qorannoon milanaa kun, hulaa/qaawwaa kana duuchuuf qaaccessa ga'umsa qabiyyee qorumsa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9^ffaa baroota 2007-2009A.L.I barsiisaa dareen qophaa'ee, silabasiifi kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9^ffaa fi irratti xiyyeefachuun mana barumsa sad.2^ffaa Ambootti kan adeemsifamedha .

### 1.3.Gaaffilee Bu'uuraa Qorannichaa

Qorannoon kunis gaaffilee bu'uuraa armaan gadiif deebii kennuuf karoorfame.

1. Qabiyyeen qorumsa barnoota Afaan Oromoo Kutaa 9^ffaa barsiisota dareetiin baroota 2007-2009A.L.I keeessatti qophaa'an qabiyyeewwan gurguddoo silabasiifi kitaaba barnoota Afaan Oromoo keessa jiran wajjin hammam walsimu?
2. Gaaffileen qorumsa barnoota Afaan Oromoo kutaa ^9ffaa barsiisaa dareetiin qophaa'anii baroota 2007-2009A.L.I keessatti kennamaa turaniifi yeroon qabiyyee gurguddoo kitaaba barnoota Afaan Oromoo keessatti kennaman waliin hangam walgituu?
3. Qorumsoonni barnoota Afaan Oro^moo kutaa 9^ffaa barsiisaa dareetiin qophaa'anii baroota 2007-2009A.L.I keessatti kennamanii turan kaayyoo kitaabichaa waliin hangam walgituu?
4. Sababni qorumsa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9^ffaa barsiisaa dareetiin qophaa'aniifi qab^iyye e kitaaba kutaa 9^ffaa keessa jiran walsimuu?

# 2. Sakatta'a Barruuwwanii

## 2.1 Maalummaa Qorumsaa

Namoonni adda addaa maalummaa qorumsaa haala garaagaraan ibsu.Yaada kana Taasisaa (2010) Kaplan fi Saccuzzo (2009) wabeeffachuun yeroo ibsu, qorumsi meeshaa safartuu yookiin tooftaa amala safartuuf tajaajilu yookiin amala waan tokkoo hubachuufi tilmaamuuf gargaarudha jedha. Fakkeenyaaf, qorumsi qubeessuu hamma namni /isheen jechoota murtaa'oo ta'an qubeessuu barate/barattemadaala. Gama biroon Bachman (1990) hayyuu Carroll (1968) wabeeffachuun qorumsi maala akka ta'e yoo ibsu, xiinsammuu yookiin barnootaa adeemsa amala murtaa'aa tokko safartuuf qophaa'udha jedha. Brown (2004) gama isaatiin qorumsi mala ga'umsa, beekumsa yookiin raawwii namni tokko waan tokko irratti qabu kan ittiin safaramudha jechuudhaan ibsa.Walumaagalatti, yaadota armaan oliirraa wanti hubatamuu danda'u qorumsi meeshaa dandeettii/ hubannaa dhala namaa dhimma murataawaa tokkorratti qabu safartuuf yookiin madaaluuf kan gargaaru ta'uusaati.

## 2.2Faayidaa Qorumsaa

Qorumsi haala gaariin qophaa'e tokko yoo xiqqaate barattoota karaa lamaan tajaajila Madsen,1983). .Inni lammaffaan immoo akka barattoonnii dandeettii isaanii cimsatan isaan gargaara. Akkasumas, qorumsi adeemsa baruu- . Sababni isaas qorumsi barattoonni maal akka hubataniifi maal akka hinhubanne adda baasee waan mul'isuu danda'uuf. Gabaabumatti, qorumsi haala gaariin qophaa'e akka barattoonni barumsasanarratti ilaalcha gaarii qabaatan isaan gargaara. Akkasumas, akka isaan kaayyoo barumsichaarratti xiyyeeffatanii cimanii qayyabataniifi dadhabina isaanii hubachuun dandeettii isaanii gabbifatan isaan tajaajila.

Kana malees, qorumsi dadhabinaafi cimina adeemsa baruufi barsiisuus adda baasee waan mul'isuuf barsiisaan tokko maal sirriitti akka barsiiseefi maal immoo haalaan akka hinbarsiisne sababa itti agarsiisuuf akka inni tooftaa barsiisuu isaa keessa deebi'ee ilaalu gochuufi sagargaara.Akkasumas, adeemsa madaallii isaas akkafooyyeffatan isaan taasisa. Kanaaf, qorumsi barattoota, barsiisota, hooggantoota bulchiinsa barnootaallee gargaaruu danda'a. Kunis fooyya'insa argame cimsuufi gara fuulduraatti akkamitti deemuu akka qaban qajeelchuudhaan tajaajila.Itti dabalees, qorumsi gaariin fedhii barattootaa olguddisuu keessatti akka meeshaa deeggarsa barnootaatti tajaajiluu danda'a. Yaaduma kana deeggaruun Wiersma fi Jurs (1985) yommuu ibsan, qorumsi akkuma gosa garagaraa qabu faayidaa adda addaas niqaba.Dimshaashumatti, qorumsi waa'ee amalaafi raawwii barattootaarratti odeeffannoo karaa biro haala ga'umsa qabuun argachuu hindandeenye kennuuf tajaajila.

## 2.3. Maalummaa Ga'umsa Qabiyyee Qorumsaa

Jechi ga'umsa qorumsa jedhu kan iyyafannoon (assessment) tokko wantoota safaruu qabu safaruu dhiisuu jechuudha (Khan, 2013;Weir,2005;Wolming and Wikstrom, 2010). Hayyoonni garagaraa hariiroowwan afaan barsiisuufi iyyaffannoo gidduu jiru ibsuuf yaalaniiru (Thaidan,2015; Djuric,2008). Iyyafannoo ga'umsa qabu tokko kan inni bakka bu'u meeshaalee barnoota gosa barnoota tokko barsiisuuf tajaajilarra oolaa jirudha( Brown, 2012). Hariiroo iyyafannoofi barsiisuu gidduu jiru kan ibsamu akka ga'umsa sirnawaa / systematic validity (Creswell, 2009), dhiibbaa iyyafannoo /assessment impact (Brown,2012), ga'umsa ijaaraa/construct validity , ga'umsa maddisiisaa / productive construct , ga'umsafuullee / face validfity akkasumas ga'umsa qabiyyee / content validity (Khan, 2013) , ga'umsa tartiibawaa / consequential validity (Anderson and Bachman , 2006) dhiibbaa qorumsaa/ back wash (Hughes,2003).

Ga’umsa qabiyyee iyyaafannoowwanii kallatiidhaan qulqullina barnootaarratti dhiibbaa qaba (Thaidan, 2015). Kana malees, namni kamuu sadarkaa ga’umsa qabiyyee iyyafannoo akka laayyootti xiinxala sayinsawaa ta’e malee murteessuu hindanda’u (Green, 2007). Adeemsi baruufi barsiisuu afaanii keessatti sadarkaan ga’umsa qabiyyee bu’aa iyyaaffannoo barnooticha keessatti eeyyantaa yookiin hi’intaa (either positive or negative ) ta’uu agarsiisa (Hawkey, 2006). Irra caala, ga’umsi qabiyyee adeemsa baruufi barsiisuu gosa barnoota tokkoo keessatti bu’aa iyyaafannoo barsiisaa daree qophaa’u xiinxaluudha (Taylor, 2005). Gama biraatiin ,ga’umsa qabayyee iyyafannoo tokkoo, baruufi barsiisuu keessatti gochoota barsiisotaafi barattoonni dareetti raawwattan , filannoofi itti fayyadama meeshaalee barnootaa akkasumas galma ga’insa kaayyolee barnootichaa irratti dhiibbaa (influence) geessisa (Guma, 2010). Sababoota kanneeniif, Hughes (2003) fi Thaidan (2015) akka ibsanitti barsiisonni bu’a qabeessummaa ga’umsa qabiyyee iyyaafannoo isaanii dabaluuf haalaan mirkaneessuu qabau.

## 2.4Faayidaa Ga’umsa Qabiyyee Qorumsaa

Qorumsi ga’umsa qabiyyee qabu bu’aa guddaa qaba.Yaada kana Hughes (1989) yemmuu ibsu, faayidaan ga’umsa qabiyyee qorumsaa inni duraa qorumsichi waan madaaluu barbaade karaa sirrii ta’e madaaluu akka danda’u gochuuf gargaara. Qorumsi qabiyyeenisaa qabiyyee gabatee murteessituu qorumsaa keessatti barreefamee baay’ee isaa yookiin tasuma bakka hinbuune waan madaaluu barbaadu sirritti madaaluu hindanda’u. Lamaffaarratti qorumsi akkasii miidhaa guddaa qaba.Qabiyyeen qorumsa irraa hindhufnee akka hinbaratamnee ta’a. Yeroo baay’ee qabiyyeen qorumsa barbaachisummaa waan qoramuun barbaadameerraa kan qoruuf salphaa ta’een murtaa’a. Rakkoo akkanaarra ooluuf tooftaa gaariin gabatee murteessituu qorumsaqopheessuufi qabiyyeen qorumsichaa qabiyyee gabatee murteessituu qorumsa kana calaqisiisuu isaa mirkaneessudha.Gabaabumatti, faayidaan ga’umsa qabiyyee qorumsa tokko waan madaaluu barbaade karaa sirrii ta’een akka madaaluuf gargaara.

## 2.5 Madaallii Ga’umsa Qabiyyee Qorumsaa

Waa’ee madaallii ga’umsaa qabiyyee qorumsaa ilaalchisee hayyoonni adda addaa yaada garaagaraa kennu.Yaada kana Alderson fi kanneen biroon (1995) yommuu ibsan, karaan beekamaan madaallii ga’umsa qabiyyee qorumsa raawwatan qabiyyee qorumsichaa qaaccessuun hima qabiyyee qorumsichaan waldorgomsiisudha.Himni qabiyyee qorumsaa kunis murteessituu qorumsaa ta’uu danda’a. Gama birootin Heaton (1975) yeroo ibsu, madaalliin ga’umsaa qabiyyee qorumsaa afaan qoramuun barbaadameefi kaayyoo barumsichaa of eeggannoon qaaccessuurratti hundaa’a.Walumaagalatti, akkuma yaadawwan armaan olitti ibsaman irraa hubatamu karaanittin ga’umsa qabiyyee qorumsaa madaalamu keessaa tokko qabiyyee murteessituu qorumsaa, kaayyoofi qabiyyee qorumsichaa waliin dorgomsiisudha.

# 3. Malleen Qoranichaa

Qorannoo kana keessatti saxaxa qorannoo walmakaa (mala qorannoo akkamtaafi hammamtaa)tti dhimma ba’uun kaayyoo qoranichaa kan ta’e ga’umsa qabiyyee qorumsaawwan barsiisaa dareetiin qopha’aan baroota 2007-2009 barnootaa Afaan Oromoo kutaa 9ffaaf kennamaa turan sakata’ameera. Sababiin malli kun filatameefis ragaaleen qorannoo kanaa keessatti dhimma itti ba’ame bifa ibsaafi lakkoofsaatin waan sakata’ameef. Saxaxni qorannoo ibsaa kun haala amma keessa jirrufi fedhii amma barbaadamu adda baasuuf nugargaara (Sharma, 2000). Kanaaf, maddi ragaalee qorannoo kanaa madda ragaa tokkooffaafi ragaa lammaffaa irratti kan hundaa'e. Maddi ragaa tokkooffaan barsiisota barnoota Afaan Oromoo barsiisanidha. Maddi ragaa lammaffaa immoo silabasii barnoota

Afaan Oromoo kutaa 9ffaafi qorumsawwan barnoota Afaan Oromoo barsiisaa dareetiin qopha'anii baroota 2007-2009 kennamaa turanidha. Madda ragaalee lachuurratti xiyyeeffannoo gochuun kan barbaachiseef immoo, maddi ragaa baaqqee odeefannoo ga'aa ta'e kennuu dhiisuu danda'a jedhamee waan yaadameefidha.

### 3.1Tooftaa Iddatteessuu

Tooftaan iddatteessuu qorannoo kana gaggessuu keessatti dhimma itti bahame tooftaa iddatteessuu kaayyeeffataa (Purposive sampling)dha. Haaluma kanaan filannoo mana barumsaa tooftaa iddatteessuu kaayyeefataatti gargaaramuun manneen barnootaa sadarkaa 2ffaa magaala Amboo keessatti argaman keessaa Mana Barumsaa Amboo Sad.2ffaa filatameera. Sababni manni barumsaa kun filatameefis qorattoota keessa namni tokko mana barumsaa sad.2ffaa keessaa muuxannoo yeroo dheeraa kan qabduf barsiisonni mana barumsa kana keessatti argamanis muuxannoo dheeraa qabaachuu isaanii irraa kan ka'e odeeffannoo gahaa ta'e argachuu akka danda'amuwaan amanameefidha. Barsiisota mana barumsaa kana keessaa filachuuf immoo tooftaa iddatteessuu argamteetti dhimma bahuun barsiisota Afaan Oromoo hundi filatamaniiru. Sababiin isaas barsiisonni Afaan Oromoo kutaa 9ffaamana barumsaa kanatti barsiisan muuxannoo dheeraa qabaachuusaanii waan beekamuuf odeeffannoon gahaa ni'argama jedhamee waan yaadameefi. Sakata'umsi ragaa immoo kan raawwattu silabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaafi qorumsa semisteera 1ffaafi 2ffaa barsiisaa dareetiin qophaa'an kan baroota 2007-2009A.L.I irratti hundaa'uundha.

### 3.2 Meeshaalee Fuunaansa Ragaalee

Qorattoonni meeshaa fuunaansa ragaalee kanatti gargaaramuun ragaalee kanneen akka silabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa, akkasumas qorumsaawwan semisteera 1ffaafi 2ffa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa barsiisaan qophaa'an kan baroota 2007-2009 tti,sababa baroota kana komiin yeroo hunda caala dhaga'ameef,kennamaa turan sakata'uun odeeffannoo gabatee kanaaf qophaa'e keessatti walitti qabamaniiru. Odeeffannoo kana irratti hundaa'uun hangam qabiyyeewwan gurguddaa silabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaafi qorumsi barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa barsiisaan qophaa'an akka walsiman baruuf, baay'ina wayitii tokkoot tokkon qabiyyeewwan gurguddoodhaaf ramadameefi gaaffii barsiisaan qophaa'an sakata'uun qaacceffameera.

Akka Dorneiy (2007) ibsutti afgaaffiinmeeshaa ittiin ragaaleefunaanuu keessaa isa hawaasa biratti fudhatama qabuufi namoota ragaaleekennan dhiphina tokko malee ragaalee gadfageenyaan akka kennan kan taasisudha. Qorattoonni meeshaa fuunaansa ragaalee kanatti gargaaramuun immoo dhimma ga'umsa qabiyyee qorumsa semisteera 1ffaafi 2ffa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa barsiisaan qophaa'an kan baroota 2007-2009A.L.I ilaalchisee afgaffii hincaaseffamne keessatti irra caalaa gaaffilee banamaa ta'an qopheesuun barsiisota muummee Afaan Oromoo kutaa 9ffaaqorumsaawwan barnoota Afaan Oromoo kutaatti qopheessan waliin afgaaffiin ragaalee funaanameera.

### 3.3 Adeemsa Ragaa Qaaccessuu

Qorannoo kana keessatti ragaalee meeshaalee sakatta'a kitaabaafi qorumsaawwan irraa argaman gara hammangee/hammamta'aatti jijjiiruun hariiroo qorumsawwaniifi kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa gidduu jiru mala koofsheentii sadarkaa walitti dhufeenyaa ispiirsmaaniidhaan/ Spearman's rank correlation coefficient/ qaaccessuuf fayyadamneerra. Qaaccessi kun kaayyoo lakkoofsa 2 irra jiruuf deebii kenne. Formulaan qaaccessuf fayyadamnes:

$$p = 1 - \frac{6\sum D^2}{N(N^2-1)}$$

Where P= spearman's rank-order correlation coefficient

D= Difference between Ranks of Corresponding Pairs of X&Y

N=No of observation

∑= sum

6= constant

## 3.4 Qaaccessa Ragaalee

kutaa kana keessatti ragaalee meeshaalee funaansaa ragaalee adda addaatiin funaanamantu qaacceffaman kan dhiyaataniidha. Isaanis ragaalee sakatta'a silabasii, kitaabaafi qajeelcha barsiisaa akkasumas qorumsa baroota 2007, 2008fi 2009A.L.I barsiisaa dareetiin qophaa'ee kennamaa tureefi ragaalee afgaaffiin funaanaman fa'i.

## 4.Walitti Dhufeenya Qabiyyeewwan Gurguddoo Silabasiifi Qorumsaawwanii

Dhimma hariiroo qabiyyeewwan gurguddoo silabasii keessa jiraniifi qorumsa barsiisaa dareetiin qophaa'e gidduu jiru jechuun barsiisota torba (7) afgaaffii gafataman keessaa barsiisonni afur (4) wal hinsimu jedhanii deebisan. Akka barsiistota kanneetti keessumaayyuu dhaggefachuufi dubbachuu qorumsarratti baasuun mijataa miti jechuudhaan deebisaniiru. Sababni isaas baay'inni barattootaa daree tokko keessa jiran dubbachuufi dhaggeeffachuu qoruuf mijataa miti jechuun deebisaniiru. Barsiisonni sadan(3) hafan immoo, dubbachuufi dhaggefachuun xiyyeefannaan gahaa laatamuufii baatuyyuu, hanga danda'ame tokko walsimsiisuuf akka yaalan dubbatanii jiru.Yeroo deebii barsiisota kanneenii sirriitti ilaalamu, dhimma hariiroo qabiyyeewwan gurguddoo silabasii keessa jiraniifi qorumsaawwan barsiisaa dareen qophaa'e gidduu jiru akka wal hinsimne agarsiisa. Odeefannoo ragaa sakatta'uun argames(HUB. Isa kanatu-ragaa sakattametu maddaragaa ijoo kan mataduree qorannoo kanaati malee akka dabalataatti kan ilaalamuu qaba miti ) kanuma cimsa. Gabateen 1 walsimannaa gaaffilee qormaataafi qayitii qabiyyeewwan Silabasii agarsiisa.

Gabatee 1:Walmadaallii Wayitii Qabiyyee Silabasiifi Gaaffilee Qorumsa Bara 2007A.L.I

| Qabiyyee | Wayitii ramadame | | Ida'ama gaaffilee gaafataman kan samisteera 1ffaafi 2ffaa | |
|---|---|---|---|---|
| | Baay'ina | % | Baay'ina | % |
| Seerluga | 16 | 11.5 | 53 | 81.5 |
| Dhaggeeffachuu | 5 | 3.6 | - | - |
| Dubbachuu | 15 | 10.9 | - | - |
| Barreessuu | 29 | 21 | - | - |
| Dubbisuu | 34 | 24.6 | - | - |
| Jechoota | 2 | 1.4 | 2 | 3.1 |
| Ogbarruu | 37 | 26.8 | 10 | 15.4 |
| Ida'ama | 138 | 100 | 65 | 100 |

Akkuma Gabatee 1 irraa hubachuun danda'amu qabiyyeewwan gurguddaan silabasii, kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa keessatti hammatamanii jiran irra caalaan isaanii qormaata barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa barsiisaa dareetiin qophaa'an keessatti kan hinhaammatamne ta'uusaati. Fakkeenyaaf, kanneen akka dandeettiiwwan dhaggeeffachuu, dubbachuu, barreessuufi dubbisuun qorumsa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa barsiisaa dareetiin qophaa'an kan bara 2007A.L.I keessatti hinhammatamne. Ragaa kanarraa kan hubatamu qabiyyeewwan qorumsa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa barsiisaa dareetiin qophaa'e bara 2007A.L.I kan silabasii, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa kan hincalaqqisiisne ta'uu isaati. Sababni isaas qorumsi tokko ga'umsa qabiyyee qabaachuu kan danda'u yoo qabiyyeen qorumsa

sanaa qabiyyee barumsichaa bakka bu'uu danda'edha Brown (1980). Kanaafuu, qorumsi bara 2007A.L.I kenname ga'umsa qabiyyee hinqabu. Kun immoo argannoo Taasisaa (2009 A.L.A) cimsa.

Kana malees, gabatee kanarraa kan hubatamu baay'inni wayitii tokkoo tokkoo qabiyyeewwan gurguddaa silabasiifi qajeelcha barsiisaa barnoota Afaan Oromoo kutaa $9^{ffaa}$f ramadameefi baay'inni gaaffilee qorumsa barnoota Afaan Oromoo kutaa $9^{ffaa}$ barsiisaa dareetiin qophaa'an kan bara 2007A.L.I irratti dhufan wajjin wal hingitan. Fakkeenyaaf, qabiyyeewwan gurguddaa silabasiifi kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa $9^{ffaa}$ keessaa kan wayitii guddaan ramadameef dandeettiiwwan ogbarruuf 37 (26.8%) dubbisuuf 34 (24.6%), yoo ta'eyyuu, baay'inni wayitii qabiyyeewwan kanneeniif ramadame baay'ina gaaffilee qabiyyeewwan kanneen keessaa bahaniin yoo waliin madaalamu wal hingitan. Keessattuu silabasiifi qajeelcha barsiisaa keessatti ogbarruuf wayitiin 37 (26.8%) kennameefii osoo jiruu gaaffileen 8(9.4%) yommuu gaafataman, dandeettii barreessuuf immoo wayitiin 29(21%), dubbachuuf wayitiin 10(10.9%)fi dhaggeeffachuuf wayitiin 5 (3.6%) ramadameefii osoo jiruu gaaffiin tokkollee keessaa hinbaane. Akkasumas, seerlugaaf wayitiin 16(11.5%) qofti ramadameefii gaaffileen 53(81.5%) kennameeraaf. Kun ammoo walakkaa baay'ina gaaffilee qormaata bara kanaa harka caalu fudhateet argame. Jechootaaf ammoo wayitiin 2(1.4%) ramadameefii gaaffileen 2(3.1%)gafatamee xiyyeeffannoo argateera. Walumaagalatti baay'inni wayitii tokkoo tokkoo qabiyyeewwan gurguddaa silabasiifi qajeelcha barsiisaa barnoota Afaan Oromoo kutaa $9^{ffaa}$f ramadameefi baay'inni gaaffilee tokkoo tokkoo qabiyyeewwan kanneen keessaa bahuun qorumsa barnoota Afaan Oromoo kutaa $9^{ffaa}$ barsiisaa dareetiin qophaa'e kan bara 2007A.L.I gaafataman wajjin wal hinsiman.

Odeeffannoo kanarraa kan hubatamu jechootaan alatti xiyyeeffannoon tokkoo tokkoo qabiyyeewwan silabasii,kitaaba barataafi barnoota Afaan Oromoo kutaa $9^{ffaa}$f kennameefi kan qorumsa barnoota Afaan Oromoo kutaa $9^{ffaa}$ barsiisaa dareetiin qophaa'ee kan bara 2007A.L.I kenname wajjin kan walhinginne ta'uu isaati. Kun immoo qorumsichi karooraan ala kan qophaa'e ta'uu isaa agarsiisa.

## 4.1 Hariiroo Qabiyyeewwan Silabasiifi Qormaata Barsiisaa Dareetiin Qophaa'an kan Baroota 2007 - 2009A.L.I

Hariiroo qabiyyeewwan silabasii qorumsa baroota 2007-2009 argachuuf hariiroo ispeersmaanii fayyadamuun akka armaan gadiitti qaacceffame. Hariiroowwan isaanii argachuuf: 1. Qabiyyeewwan silabasiifi qormaataa sadarkaadhaan kaawwama, 2. sadarkaa lamaan isaanii gidduu jiru adda baafama, 3. Tokkoo tokkoo isaanii iskuweerii ta'u, 4. ida'ama iskuweeriitu taa'a, 5. Firiin ida'ama isaa foormulaa armaan gadiitiin shallagama.

**Gabatee 2 :**Hariiroo Qabiyyeewwan Silabasii, Kitaaba Barataa Keessaa Kutaa 9^ffaa^fi Qormaata Barsiisaa Dareetiin Qophaa'e kan Bara 2007

| Qabiyyeewwan | Silabasiifi kitaaba keessatti sadarkaa qaban | Qormaata barsiisaa dareetiin qophaa'an keessatti sadarkaa qaban | Garaagarumma a sadarkaa qabiyyeewwan lamaanii (D) | Garaagarummaa sadarkaa qabiyyeewwanii iskuweeriin ($D^2$) |
|---|---|---|---|---|
| Seerluga | 4 | 1 | 3 | 9 |
| Dhaggeeffachuu | 6 | 4 | 2 | 4 |
| Dubbachuu | 5 | 4 | 1 | 1 |
| Barreessuu | 3 | 4 | -1 | 1 |
| Dubbisuu | 2 | 4 | -2 | 4 |
| Jechoota | 7 | 3 | 4 | 16 |
| Ogbarruu | 1 | 2 | -1 | 1 |
| | | | | $\sum D^2 = 36$ |

$$P = 1 - \frac{6\sum D^2}{N(N^2-1)} = p = 0.36$$

Akkuma gabatee armaan oliirraa hubachuun danda'amu hariiroon baay'ina wayitii qabiyyee silabasiifi qajeelcha barsiisaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9^ffaa^ ramadameefi gaaffilee qorumsa Afaan Oromoo barsiisaa dareetiin bara 2007A.L.I qophaa'e gidduu jiru mala koofsheentii sadarkaa walitti dhufeenyaa ispiirsmaaniidhaan/ Spearman's rank correlation coefficient/gargaaramuun shallagamee firiin argame P = 0.36 dha. Akkuma armaan olitti ibsametti, lakkofsi kunimmoo akka Ispirsman jedhutti hariroo gadaanaa agarsiisa. Argannoo firii kanarraa kan hubatamu hariiroon baay'ina wayitii qabiyyee silabasiifi qajeelcha barsiisaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9^ffaa^ ramadameefi gaaffilee qorumsa Afaan Oromoo barsiisaa dareetiin bara 2007 qophaa'e gidduu jiru gad aanaa ta'uu isaati.

Gabatee 3: Walmadaallii baay'ina wayitii qabiyyee silabasiifi qajeelcha barsiisaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9^ffa^f ramadameefi gaaffilee qorumsa Afaan Oromoo barsiisaa dareetiin qophaa'e kutaa 9^ffaa^ kan bara 2008A.L.I

| Qabiyyee | Wayitii ramadame | | Ida'ama gaaffilee gaafataman kan samisteera 1^ffaa^fi 2^ffaa^ | |
|---|---|---|---|---|
| | Baay'ina | % | Ida'ama | % |
| Seerluga | 16 | 11.5 | 54 | 63.5 |
| Dhaggeeffachuu | 5 | 3.6 | - | - |
| Dubbachuu | 15 | 10.9 | | |
| Barreessuu | 29 | 21 | - | - |
| Dubbisuu | 34 | 24.6 | 15 | 17.6 |
| Jechoota | 2 | 1.4 | 8 | 9.4 |
| Ogbarruu | 37 | 26.8 | 8 | 9.4 |
| Ida'ama | 138 | 100 | 85 | 100 |

Akkuma gabatee 3. kanarraa hubatamu qabiyyeewwan gurguddaan silabasiifi kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9^ffaa^ keessatti hammatamanii jiran kanneen akka dandeettiiwwan dhaggeeffachuu, dubbachuufi barreessuun qorumsa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9^ffaa^ barsiisaa

dareetiin qophaa'e kan bara 2008 A.L.I keessatti hinhammatamne. Odeeffannoo kanarraa kan hubatamu qabiyyeewwan silabasiifi kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa kan qorumsa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa barsiisaa dareetiin qophaa'ee bara 2008A.L.I itti kenname waliin kan walhinsimne ta'uu isaati. Haalli kun immoo qabiyyeewwan qorumsa barsiisaa dareetiin qophaa'e bara jedhame kana keessatti kenname kun qabiyyeewwan silabasfi kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffa wajjin kanwal hinginne ta'uu agarsiisa.

Itti dabalees, akkuma gabatee kanarraa hubachuun danda'amu baay'inni wayitii tokkoo tokkoo qabiyyeewwan gurguddaa silabasiifi qajeelcha barsiisaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaaf ramadameefi baay'inni gaaffilee qabiyyeewwan kanneen keessaa bahuun qorumsa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa barsiisaa dareetiin kan bara 2008A.L.I qophaa'e waliin walhingitan. Fakkeenyaaf, dubbisuuf wayitiin 34(24.6) kennameefii gaaffileen 15(%17.6) kan gaafataman yoo ta'u, ogbarruuf wayitiin 37(26.8%) kennameefii osoo jiruu gaaffileen 8(%9.4) qofti gaafatamnii jiru. Akkasumas, seerlugaaf wayitiin 16 (%11.5) ramadameefii gaaffileen 54(%63.5) yeroo gaafataman, jechootaaf wayitiin 2(%1.4) qofti ramadameefii gaaffileen 8(%9.4) gaafatamanii jiru. Gama biroon dandeettii barreessuuf wayitiin 29(%21), dubbachuuf wayitiin 15(%10.9)fi dhaggeeffachuuf wayitiin 5(%3.6) ramadameefii osoo jiruu gaaffileen tokkollee keessaa hingaafatamne.

Egaa ragaa kanarraa kan hubatamu xiyyeeffannoon qabiyyeewwan silabasiifi kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaaf kennameefi kan qabiyyeewwan qorumsa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa barsiisaa dareetiin qophaa'e kan bara 2008tti kennameen kan wal hingitne ta'uu isaati. Haata'u malee, qorumsi tokko ga'umsa qabiyyee qabaachuu kan danda'u yoo gaaffileen qophaa'aniifi qabiyyeewwaniif xiyyeeffannoon kenname kan calaqqisiisuu yoo ta'edha Brown (1980). Kuni immoo qabiyyeewwan gurguddoon silabasiifikitaaba barataabarnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa kan qabiyyeewwan qorumsa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa bara 2008A.L.I barsiisaa dareen qophaa'e faana kan wal hinsimne ta'uu isaa nuhubachiisa.

**Gabatee 4: Hariiroo Qabiyyeewwan Silabasiifi Qormaata Barsiisaa Daree kan Bara 2008**

| Qabiyyeewwan | Silabasiifi kitaaba kleessatti sadarkaa qaban | sadarkaa Qormaata barsiisaa qophaa'an | Garaagarummaa sadarkaa qabiyyeewwanii | Garaagarummaa sadarkaa qabiyyeewwanii iskuweeriin |
|---|---|---|---|---|
| Seerluga | 4 | 1 | 3 | 9 |
| Dhaggeeffachuu | 6 | 5 | 1 | 1 |
| Dubbachuu | 5 | 5 | 0 | 0 |
| Barreessuu | 3 | 5 | -2 | 4 |
| Dubbisuu | 2 | 2 | 0 | 0 |
| Jechoota | 7 | 3 | 4 | 16 |
| Ogbarruu | 1 | 3 | -2 | 4 |
| Ida'ama | | | | $\sum D^2 = 34$ |

$$p = 1 - \frac{6\sum D^2}{N(N^2-1)} = 1 - \frac{6\sum 34}{7(7^2-1)} == 1 - \frac{6x34}{336} = 1 - \frac{204}{336} == 1 - 0.607 = 0.39$$

Firiin mala koofsheentii sadarkaa walitti dhufeenyaa ispiirsmaaniidhaan/ Spearman's rank correlation coefficient/ gargaaramuun argames (P = 0.39) gadaanaa ta'uunsaa yaaduma kana cimsa.

**Gabatee 5: Walmadaallii Baay'ina Wayitii Qabiyyee Barnoota Kutaa 9ffaa Ramadameefi Gaaffilee Qorumsa Daree Kan Bara 2009A.L.I**

| Qabiyyee | Wayitii ramadame | | Ida'ama gaaffilee gaafataman kan samisteera 1ffaa fi 2ffaa | |
|---|---|---|---|---|
| | Baay'ina | % | Baay 'ina | % |
| Seerluga | 16 | 11.6 | 49 | 70 |
| Dhaggeeffachuu | 5 | 3.6 | - | - |
| Dubbachuu | 15 | 10.9 | - | - |
| Barreessuu | 29 | 21 | 2 | 2.9 |
| Dubbisuu | 34 | 24.6 | 2 | 2.9 |
| Jechoota | 2 | 1.4 | 5 | 7.1 |
| Ogbarruu | 37 | 26.8 | 12 | 17.1 |
| Ida'ama | 138 | 100 | 70 | 100 |

Gabatee 5. kanarraa hubachuun akkuma danda'amu qabiyyeewwan gurguddaan silabasiifi kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa keessatti hammatamanii jiran gartokkoon kanneen akka dandeettiiwwan dubachuufi dhaggeeffachuu qorumsa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa barsiisaa dareetiin qophaa'e bara 2009 keessatti hammatamanii hinjiran. Ragaa kanarraa kan hubatamu qabiyyeewwan gurguddaan silabasiifi kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa kan qorumsa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa barsiisaa dareetiin qophaa'e bara 2009A.L.I kan walhinsimne ta'uu isaati. Kun immoo qorumsi barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa bara 2009A.L.Itti kenname kun ga'umsa qabiyyee akka hinqabne agarsiisa.

Kana malees, gabatee kanarraa kan hubatamu baay'inni wayitii tokkoo tokkoo qabiyyeewwan gurguddaa silabasiifi qajeelcha barsiisaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaaf ramadameefi baay'inni gaaffilee qabiyyeewwan kanneen keessaa qophaa'uun qorumsa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa barsiisaa dareetiin qophaa'e bara 2009A.L.I itti gaafataman waliin walhinsiman. Fakkeenyaaf, ogbarruuf wayitiin 37 (%26.8) ramadameefii gaaffiileen 12 (%17.1), dandeettiiwwan barreessuuf wayitii 29 (%21) ramadameefii gaaffileen 2(%2.9), dubbisuuf wayitii 34(%24.6) ramadameefii gaaffilee 2(%2.9) yammuu gaafataman, dhaggeeffachuuf wayitiin ramadameef 5(%3.6)fi dubbachuudhaaf ammoo wayitiin ramadameef 10 (%10.9) yemmuu ta'u gaaffiin tokkollee qorumsa kanarratti hin gaafatamne. Itti dabalees, seerlugaaf wayitiin 16 (%11.6) qofti ramadameefii gaaffileen 49 (%70) yeroo gaafataman, jechootaaf immoo wayitiin 2(%1.4) qofti ramadameefii gaaffileen 5(%7.1) gaafatamanii jiru. Ragaa argame kanarraa kan hubatamu qabiyyeen kutaatti barsiisamuufi kan qorumsa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa barsiisaa dareetiin qophaa'e gaafataman kan wal hinagarre ta'uu isaati.

Gabatee 6:Hariiroo Qabiyyeewwan Silabasii, Kitaaba Barataa Keessaa Kutaa 9ffaa fi Qormaata Barsiisaa Dareetiin Qophaa'e kan Bara 2009

| Qabiyyeewwan | Silabasiifi kitaaba keessatti sadarkaa qaban | sadarkaa Qormaata barsiisaa qophaa'an | Garaagarummaa sadarkaa qabiyyeewwanii (D) | Garaagarummaa sadarkaa qabiyyeewwanii iskuweeriin ($D^2$) |
|---|---|---|---|---|
| Seerluga | 4 | 1 | 3 | 9 |
| Dhaggeeffachuu | 6 | 6 | 0 | 0 |
| Dubbachuu | 5 | 6 | -1 | 1 |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| Barreessuu | 3 | 4 | -1 | 1 |
| Dubbisuu | 2 | 4 | -2 | 2 |
| Jechoota | 7 | 3 | 4 | 16 |
| Ogbarruu | 1 | 2 | 1 | 1 |
| | | | | $\sum D^2 = 30$ |

$$p = 1 - \frac{6\sum D^2}{N(N^2-1)} = 1 - \frac{6\sum 30}{7(7^2-1)} p1 - \frac{6x32}{336} = 1 - \frac{192}{336} = 1 - 0.54 = 0.46$$

Qoyyoba kanaan oliirraa hubachuun akka danda’amutti, firiin mala koofsheentii sadarkaa walitti dhufeenyaa ispiirsmaaniidhaan/ Spearman’s rank correlation coefficient/ gargaaramuun argames (P = 0.46) gadaanaa ta’uu isaa agarsiisa. Dabalataanis gabateen 6. akka nuhubachiisutti dandeettiin ogbarruu, barreessuufi dubbisuu silabasiifi qajeelcha barsiisaa barnoota Afaan Oromoo kutaa $9^{ffaa}$ keessatti wayitii olaanaan kan ramadameef 37 (%26.8), 34 (%24.6) fi 29 (%21) yoota’u, gaaffileen qorumsa barnoota Afaan Oromoo kutaa $9^{ffaa}$ bara 2009 barsiisaa dareen qophaa’an keessatti gaafataman ogbarruu 12 (%17.1), dubbisuu 2 (%2.9)fi barreesuun 2 (%2.9)tu kennameef. Walumaagalatti, odeeffannoo argame kanarraa kan hubatamu qorumsawwan barnoota Afaan Oromoo kutaa $9^{ffaa}$ barsiisaa dareetiin qophaa'e kan barootta 2007 hanga 2009A.L.I Mana Barumsaa Amboo Sadrkaa $2^{ffaa}$ttikennamaa turan ga’umsa qabiyyee kan hinqabne ta’uu agarsiisa.

Gabatee 7. Hariiroo Gaaffileen qorumsawwan barnoota Afaan Oromoo kutaa $9^{ffaa}$barsiisaa dareetiin qophaa'an baroota 2007-2009A.L.I gaafatamaa turan waliin qaban

| Qabiyyee | 2007 | | 2008 | | 2009 | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | Gaaffilee gaafataman | | Gaaffilee gaafataman | | Gaaffilee gaafataman | |
| | Baay. | % | Baay. | % | Baay. | % |
| Seerluga | 53 | 81.5 | 54 | 63.5 | 49 | 70 |
| Dhaggeeffachuu | | | - | - | - | - |
| Dubbachuu | - | - | | | - | - |
| Barreessuu | - | - | - | - | 2 | 2.9 |
| Dubbisuu | - | - | 15 | 17.6 | 2 | 2.9 |
| Jechoota | 2 | 3.1 | 8 | 9.4 | 5 | 7.1 |
| Ogbarruu | 10 | 15.4 | 8 | 9.4 | 12 | 17.1 |
| Ida’ama | 65 | 100 | 85 | 100 | 70 | 100 |

Akkuma ragaa kanarraa hubatamutti baay'inni gaaffilee kunniinii baraa baratti garaa gara. Fakkeenyaaf, bara 2007 gaaffilee 65, bara 2008 gaaffilee 85 akkasumas bara 2009 ammoo gaaffilee 70tu gaafataman. Kanarraa wanti hubatamu qorumsi bara adda addaa qophaa'u walsimannaa akka hinqabne mul'isa.Akkasumas baay'inni gaaffilee tokkoo tokkoo qabiyyeewwan qorumsa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa baroota 2007-2008A.L.I itti gaafataman turan bakka baay'eetti garaa gara. Fakkeenyaaf, bara 2007A.L.I seerluga keessaa gaaffilee 53 (%81.5), ogbarruu keessaa gaaffilee 10(%15.4), jechoota keessaa gaaffilee 2(%3.1) kan gaafataman yoo ta'u, barreessuufi dubbisuu keessaa ammoo gaaffileen tokkoyyuu hingaafatamne.Bara 2008A.L.I itti immoo seerluga keessaaa gaaffilee 54(%63.5), dubbisuu keessaa gaaffilee 15(17.6), jechoota keessaa gaaffilee 8(9.4) ,ogbarruu keessaa gaaffilee 8(%9.4) gaafatamaniiru.Kunis kan nu hubachiisu akkuma olitti eerametti gaaffileen qabiyyeewwan gabatee 7 keessatti ibsaman irratti gaaffileen barsiisaan dareetiin qophaa’an baroota eeraman (2007-2009) hariiroo kan waliin hinqabne ta’uu isaati.

Gabatee 8.Hariiroon Qorumsaawwan Baroota 2007fi 2008A.L.I Yoo Shallagamu

| Qabiyyee | Silabasiifi kitaaba keessatti sadarkaa qaban | sadarkaa Qormaata barsiisaa dareetiin qophaa'an | Garaagarummaa sadarkaa qabiyyeewwanii | Garaagarummaa sadarkaa qabiyyeewwanii iskuweeriin |
|---|---|---|---|---|
| 1. | Seerluga | 1 | 1 | 0 |
| 2. | Dhaggeeffachuu | 4 | 5 | -1 |
| 3. | Dubbachuu | 4 | 5 | -1 |
| 4. | Barreessuu | 4 | 5 | -1 |
| 5. | Dubbisuu | 4 | 2 | 2 |
| 6. | Jechoota | 3 | 3 | 0 |
| 7. | Ogbarruu | 2 | 3 | -1 |
| | | | | $\sum D^2 = 8$ |

$$p = 1 - \frac{6\sum D^2}{N(N^2-1)} = 1 - \frac{6\sum 8}{7(7^2-1)} = 1 - \frac{6x8}{336} p1 - \frac{48}{336} = 1 - 0.14$$
$$= 0.86$$

Hariiroon qorumsawwan baroota 2007fi 2008AL.I kunniinis shallagamee firiin argame p= 0.86 ture. Odeeffannoo kanarraa kan hubatamu, haiiroon qorumsawwan barnoota Afaan Oromoo kutaa 9[ffaa] barsiisaa dareetiin qophaa'e bara 2007fi 2008tti kennamaa turanii guddaa ta'uusaati. Hariiroo qorumsaawwan kanneenii guddaa ta'uu kan danda'eefis itti yaadamee osoo hintaane akkuma carraa ta'eeti malee itti karoorfatamee kan qophaa'e hinfakkaatu.

Akkasumas, baay'inni gaaffilee tokkoo tokkoo qabiyyeewwan qorumsa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9[ffaa] barnoota 2007fi 2009A.L.I itti gaafatamaa turanii bakka baay'eetti garaa gara. Fakkeenyaaf, bara 2007 seerluga keessaa gaaffilee 53(%81.5), ogbarruu keessatti gaaffilee 10(15.4), jechoota keessatti gaaffilee 2(%3.1) kan gaafataman yemmuu ta'an, dubbisuufi barreessuu keessaa gaaffileen tokkoyyuu hingaafatamne. Bara 2008tti immoo seerluga keessaa gaaffilee 54(%63.5), ogbarruu keessaa gaaffilee 8(%9.4), dubbisuu keessaa 15(7.6) akkasumas jechoota keessaaa gaaffilee 8(%9.4) kan ta'an gaafatamaniiru.

Gabatee 9:Hariiroo qorumsaawwan Barnoota 2007fi 2009 kunneenis yeroo shallagamu

| Qabiyyee | Silabasiifi kitaaba keessatti sadarkaa qaban | Qormaata barsiisaa dareetiin qophaa'an keessatti sadarkaa qaban | Garaagarummaa sadarkaa qabiyyeewwanii | Garaagarummaa sadarkaa qabiyyeewwanii iskuweeriin |
|---|---|---|---|---|
| 1. | Seerluga | 1 | 1 | 0 |
| 2. | Dhaggeeffachuu | 4 | 6 | -2 |
| 3. | Dubbachuu | 4 | 6 | -2 |
| 4. | Barreessuu | 4 | 4 | 0 |
| 5. | Dubbisuu | 4 | 4 | 0 |
| 6. | Jechoota | 3 | 3 | 0 |
| 7. | Ogbarruu | 2 | 2 | 0 |

$$p = 1 - \frac{6\sum 8}{7(7^2-1)} = 1 - \frac{6x8}{336} = 1 - \frac{48}{336} = 1 - 0.14 = 0.86$$

Hariiroo qorumsaawwan baroota 2007fi 2009A.L.I kunniinis shallagamee firiin argame p= 0.86 tu argame. odeeffannoon kunis kan agarsiisu hariiroo qorumsaawwan barnoota Afaan Oromoo kutaa 9[ffaa] barsiisaa dareetiin qophaa'e kan baroota 2007fi 2009A.L.I itti kennamaa turanii guddaa ta'uusaati. Hariiroo qorumsaawwan kanneenii guddaa ta'uu kan danda'eefis akka tasaa ta'eeti malee sababa karooraan qophaa'eef hinfakkaatu.

Kana malees, baay'inni gaaffilee tokkoo tokkoo qabiyyeewwan qorumsaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa barsiisaa dareetiin qophaa'e kan baroota 2008fi 2009A.L.I itti gaafatamaa turanis bakka baay'eetti garaa gara. Fakkeenyaaf bara 2008tti seerluga keessaa 54(%63.5),dubbisuu keessaa gaaffilee 15(%17.6),jechoota keessaa gaaffilee 8(%9.4), ogbarruu keessaa gaaffilee 8(%9.4) kan gaafataman yemmuu ta'u, barreessuun osoo hingaafatamiin hafeera. Bara 2009 itti immoo seerluga keessaa 49(%70), barreessuu keessaa gaaffilee 2(%2.9), dubbisuu keessaa gaaffilee 2(%2.9), jechoota keessaa gaaffilee 5(%7.1), ogbarruu keessaa gaaffilee 12(%17.1) tu gaafatamee ture.

**Gabatee 10:** Hariiroo qurumsawwan baroota 2008fi 2009 yeroo ilaallu akka shallaggiif ta'utti akka armaan gadiitti dhiyaateera.

| Lakk. | Qabiyyee | Sadarkaa qabiyyeen qorumsa bara 2008tti argate | Sadarkaa qabiyyeen qorumsa bara 2009tti argate | Garaagarummaa qabiyyeewwanii kan bara 2008fi 2009AL.I | Garaagarummaa |
|---|---|---|---|---|---|
| 1. | Seerluga | 1 | 1 | 0 | 0 |
| 2. | Dhaggeeffachuu | 5 | 6 | -1 | 1 |
| 3. | Dubbachuu | 5 | 6 | -1 | 1 |
| 4. | Barreessuu | 5 | 4 | 1 | 1 |
| 5. | Dubbisuu | 2 | 4 | -2 | 4 |
| 6. | Jechoota | 3 | 3 | 0 | 0 |
| 7. | Ogbarruu | 3 | 2 | 1 | 1 |
| | | | | | $\sum D^2 = 8$ |

$$p = 1 - \frac{6\sum D^2}{N(N^2-1)} = 1 - \frac{6(8)}{7(117^2-1)} = 1 - \frac{48}{336} = 1 - 0.14 = \underline{\mathbf{0.86}}$$

Hariiroon qorumsawwan baroota 2008fi 2009 kunniinis shallagamee firiin argame p=0.86 ta'e. qabxiin argame kun ammoo akka hariiroo ispiirsmaaniitti guddaadha.Odeeffannoon kun kan agarsiisu hariiroo qorumsawwan barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa barsiisaa dareetiin qophaa'e kan baroota 2008fi 2009tti kennamaa turan guddaa ta'uusaati. Kun immoo akkuma waliigalatti kan nu hubachiisu hariiroon gaaffilee qorumsawwan barnoota Afaan Oromoo kutaa 9[ffaa] barsiisaa dareetiin qophaa'e kan baroota 2007, 2008fi 2009 kennamaa turanii walii isaanii wajjin qaban guddaa argachuun isaa (P=0.86) ta'uusaati. Hariiroo qorumsawwan kunneeniis guddaa ta'uu kan danda'eef qorumsi barsiisonni daree qopheessan kun qabxii argatan bara baraan walfakkachuun isaa rakkina qabiyyeen kitaabaa fi qabiyyeen qormaataa walsimuu dhabuuniifi bara tokko irraa bara birootti foyyee dhabuu isaa mul'isa.

Haaluma walfakkaatuun dhimma wayitii qabiyyeef kennameefi gaaffilee qormaataa walsimuu jechuun barsiisota torba(7)f gaaffii dhiyeesiteef barsiisonni shan(5) walhinsimu jechuun yeroo deebisan barsiistonni lama(2) immoo walsima jetteetti. Deebii afgaaffii kanarraa akka hubattetti irra

caalaan barsiisotaa wal hinsimu yoo jedhan, barsiisonni muraasni ammoo walsima jedhaniiru. Akka deebii afgaaffii kanarraa hubattetti kan ragaan argatte kan cimsudha.

### 4.2.Walsimannaa Kaayyolee Silabasiifi Qorumsa Barsiisaa Dareen Qophaa'an

Kaayyolee qabiyyeewwan silabasiifi kitaabaa Afaan Oromoo kutaa 9ffaaf kennameefi kaayyolee qorumsi barsiisaa dareetiin qophaa'ee baroota 2007-2009A.L.I itti kutaa 9ffaaf kenname walsimuufi walsimuu dhabuusaa adda baasuuf barbaachisaadha. Kanatti aansuun, gabateewwan armaan gadii keessatti kan baroota 2007-2009 kanaa tokko tokkoon qaacceeffameeti dhiyaateera.

**Gabatee 11: kaayyolee silabasii Barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa**

| Qabiyyee | Kaayyolee Silabasii | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | Beekumsa | | Hubannaa | | Kaayyolee olaanoo | | Ida'ama | |
| | % | Baay'ina gaaffii | % | Baay'ina gaaffii | % | Baay'ina gaaffii | % | Baay'ina gaaffii |
| Seerluga | | | 9.2 | 6 | 3 | 2 | 11.5 | 8 |
| Dhaggeeffachuu | | | | | 3.1 | 2 | 3.6 | 2 |
| Dubbachuu | | | 4.6 | 3 | 6.2 | 4 | 10.9 | 7 |
| Barreessuu | 3 | 2 | 3 | 2 | 15 | 10 | 21 | 13 |
| Dubbisuu | 3.1 | 2 | 7.6 | 5 | 13.9 | 9 | 24.6 | 16 |
| Jechoota | 1.5 | 1 | | | | | 1.5 | 1 |
| Ogbarruu | 6.2 | 4 | 12.3 | 8 | 7.7 | 5 | 26.8 | 17 |
| Ida'ama | 13.8 | 9 | 36.9 | 24 | 49.2 | 32 | 100 | 65 |

**Gabatee 12**. Kaayyolee qorumsa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa barsiisaa dareetiin qophaa'e kan bara 2007A.L.I

| **Qabiyyee** | **Kaayyolee Qorumsa Barsiisaa dareetiin qophaa'e** | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | Beekumsa | | Hubannaa | | Kaayyolee olaanoo | | Ida'ama | |
| | % | Baay'ina | % | Baay'ina | % | Baay'ina | % | Baay'ina |
| Seerluga | 21.5 | 14 | 60 | 39 | - | - | 81.5 | 53 |
| Dhaggeeffachuu | - | - | - | - | - | - | - | |
| Dubbachuu | - | - | - | - | - | - | - | |
| Barreessuu | - | - | - | - | - | - | - | |
| Dubbisuu | - | - | - | - | - | - | - | |
| Jechoota | 3.1 | 2 | - | - | - | - | 3.1 | 2 |
| Ogbarruu | 3.1 | 2 | 12.3 | 8 | - | - | 15.4 | 10 |
| Ida'ama | 27.7 | 18 | 72.3 | 47 | - | | 100 | 65 |

Gabatee 11fi12. kanarraa akkuma hubachuun danda'amu, qorumsi barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa barsiisaa dareen qophaa'e kan bara 2007A.L.I kaenname kaayyolee silabasii barnoota Afaan Oromoo kan bu'uureffate miti. sababni isaas gaaffileen bara 2007A.L.I gaafataman kanneen gosoota kaayyoo silabasii hunda hinhaammatu. Fakkeenyaaf, Qorumsa kana keessatti gaaffileen kaayyoo ol'aanoo galma gahuusaanii madaaluuf gaafataman homti hinjiru. Akkasumas, gaaffileen kaayyoo gadaanoo kanneen akka beekumsaafi hubannoo galma gahuusaa madaaluuf gaafatamanillee

qabiyyeewwan muraasa keessaa kan qophaa'aniifi akkaataa xiyyeeffannoon silabasiiwwan kanneen keessatti kennameen miti. Fakkeenyaaf,gaaffilee kaayyoon beekumsaa galma gahuusaa madaaluuf qabiyyeewwan kanneen akka dhaggeeffachuu, dubbachuu, barreessuufi dubbisuu keessaa gaaffiin tokkollee kan bahe hinjiru. Faallaa kanaa immoo seerlugni kaayyoo beekumsaa keessatti kan hinkennamne ta'ee osoo jiruu qorumsa keessatti %21.5 kennameeraaf. Kaayyoodhuma beekumsaa kana madaaluu keessatti xiyyeeffannoon silabasii keessatti jechootaaf kenname %1.5 yommuu ta'u qorumsa keessatti immoo%3.1, ogbarruudhaaf xiyyeeffannoon silabasii keessatti kennaman %6.2 yommuu ta'u qorumsa keessatti immoo %3.1 kennameeraaf.

Akkasumas kaayyoo hubannoo madaaluuf qabiyyeewwan dhaggeeffachuu, dubbachuu, barreessuu, dubbisuufi jechoota keessaa gaaffiin tokkollee kan hingaafatamne yommuu ta'u, kaayyoodhuma hubannoo kana madaaluuf xiyyeeffannoon silabasii keessatti seerlugaaf kenname %9.2 ta'ee osoo jiruu qorumsa kana keessatti %60 yommuu kennamuuf, hogbarruuf immoo silabasii keessatti %12.3 ta'ee osoo jiruu qorumsicha keessatti %12.3 kennameetu jira. As keessatti qorumsi hogbarruun kaayyoo silabasii keessaatti xiyyeeffannoo argateeti jira. Haa ta'u malee, seerlugni kan qormaata keessatti walakkaa qormaatichaatii ol kan ta'e waan fudhateef xiyyeeffannoo silabasiin kennee ol qormaanni keessaa baheera. Kun immoo gosoota qabiyyeewwan hunda waan hinhaammanneef gahumsa qabiyyee kan hinqabne ta'uusaati. Ragaa kanarraa kan hubatamu qorumsi barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa barsiisaa dareetiin qophaa'e kan bara 2007A.L.I keessatti kenname kaayyolee silabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa kan bakka hinbuunedha. Kanaafuu, ragaan kun qorumsichi gahumsa qabiyyee kan hinqabne ta'uusaa raggaasisa.

**Gabatee 13: kaayyolee silabasii Barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa**

| **Qabiyyee** | **Kaayyolee Silabasii** | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | Beekumsa | | Hubannaa | | Kaayyolee olaanoo | | Ida’ama | |
| | % | Baay. gaaffilee | % | Baay. gaaffilee | % | Baay. gaaffilee | % | Baay. gaaffilee |
| Seerluga | | | 9.4 | 8 | 2.3 | 2 | 11.5 | 10 |
| Dhaggeeffachuu | | | | | 3.6 | 3 | 3.6 | 3 |
| Dubbachuu | | | 4.7 | 4 | 5.9 | 5 | 10.9 | 9 |
| Barreessuu | 2.3 | 2 | 2.3 | 2 | 16.4 | 14 | 21 | 18 |
| Dubbisuu | 3.5 | 3 | 8.2 | 7 | 12.9 | 11 | 24.6 | 21 |
| Jechoota | 1.2 | 1 | | - | | - | 1.4 | 1 |
| Ogbarruu | 7 | 6 | 12.9 | 11 | 7 | 6 | 26.8 | 23 |
| Ida’ama | 14 | 12 | 38 | 32 | 48 | 41 | 100 | 85 |

**Gabatee 14**: **Kaayyolee qorumsa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa barsiisaa dareetiin qophaa'e kan bara 2008A.L.I**

| **Qabiyyee** | **Kaayyolee Silabasii** | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | Beekumsa | | Hubannoo | | kaayyolee olaanoo | | Ida'ama | |
| | % | Baay. gaaffilee | % | Baay. gaaffilee | % | Baay. gaaffilee | % | Baay. gaaffilee |
| Seerluga | 18.8 | 16 | 44.7 | 38 | - | | 63.5 | 54 |
| Dhaggeeffachuu | - | | | | | | | |
| Dubbachuu | - | | | | | | | |
| Barreessuu | - | | | | | | | |
| Dubbisuu | 5.9 | 5 | 5 | 11.8 | - | - | 17.7 | 15 |
| Jechoota | 9.4 | 8 | 8 | - | - | - | 9.4 | 8 |
| Ogbarruu | 4.7 | 4 | 4 | 4 | - | - | 9.4 | 8 |
| Ida'ama | 38.8 | 33 | 33 | 52 | - | - | 100 | 85 |

Akkuma gabatee 13fi 14 kanarraa hubachuun danda'amu, qorumsi Barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa bara 2008A.L.I kenname kaayyolee silabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa kan bu'uureffate miti. Sababni isaas gaaffileen bara 2008A.L.Igaafataman kunneen gosoota kaayyolee silabasii hunda kan ofkeessatti haammatan waan hintaaneefi. Fakkeenyaaf, gaaffilee kaayyoo olaanaa madaaluuf gaafataman tokkollee hinmul'atan. Akkasumas, gaaffileen kaayyoo gadaanaa kanneen akka beekumsaafi hubannoo galma gahuusaanii madaaluuf gaafatamanillee qabiyyeewwan hundarratti xiyyeeffannoon kan kenname miti. Fakkeenyaaf, gaaffileen kaayyoo beekumsaa galma gahuusaa madaaluuf qabiyyeewwan dubbachuu, dhaggeeffachuu, barreessuu keessaa qophaa'uun gaafataman tokkoyyuu hinjiru. Kaayyoo beekumsaa kana madaaluuf silabasii keessatti xiyyeeffannoon dubbisuuf kenname %3.5 ta'ee osoo jiruu qorumsa kana keessatti immoo %5.9 kennameefii xiyyeeffannoo argateera. Seerlugni immoo silabasii keessatti homti osoo hinkennamiin qorumsicha keessatti immoo %18.8 kennameera.Akkasumas, silabasii keessatti kaayyoo beekumsaa keessatti hogbarruuf %7 osoo kennameefii jiruu qorumsicha keessatti immoo%4.7 kennameeraafi.Jechootaaf %1.7 kennameefii osoo jiruu qorumsa keessatti immoo %9.4 kennameeraafi.

Haaluma walfakkaatuun kaayyoo hubannoo madaaluuf qabiyyeewwan dhageeffachuu, dubbachuu, barreessuufi jechoota keessaa gaaffiin tokkollee kan hinbaane yoo ta'u kaayyoodhuma hubannoo kan madaaluuf xiyyeeffannoo silabasii keessatti seerlugaaf kenname %9.4 ta'ee osoo jiruu qorumsa kana keessatti %44.7 yommuu kennamuuf, dubbisuuf immoo silabasii keessatti %8.2 ta'ee osoo jiruu qorumsicha keesaatti %11.8 keennameefii jira. Akkasumas silabasii keessatti xiyyeeffannoo hogbarruuf kenname %12.9 ta'ee osoo jiruu qorumsicha kessatti immoo %4.7 kennameerraf. Kum immoo xiyyeeffannoonkaayyoowwan silabisichaafi qorumsicha keessatti kenname kan wal hinsimne ta'uu mul'isa. Odeeffannoo kanarraa kan hubatamu qorumsi barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa barsiisaa dreetiin qophaa'een kan bara 2008 A.L.I kennames kaayyolee silabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa galma kan hingeenye ta'uusaa mirkaneessa.

Walumaagalatti gaaffilee qorumsa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa barsiisaa dareetiin qophaa'ee kennamaa turan kaayyolee silabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa galma gahuusaa kan hindhugoomsinedha.

**Gabatee 15. kaayyolee silabasii Barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa**

| **Qabiyyee** | **Kaayyolee Silabasii** | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | Beekumsa | | Hubannaa | | Kaayyolee olaanoo | | Ida’ama | |
| | % | Baay’ina | % | Baay’ina | % | Baay'ina | % | Baay’ina |
| Seerluga | | | 8.6 | 6 | 2.9 | 2 | 11.5 | 8 |
| Dhaggeeffachuu | - | | - | | 4 | 3 | 4 | 3 |
| Dubbachuu | | | 4.2 | 3 | 7.1 | 5 | 10.9 | 8 |
| Barreessuu | 1.4 | 1 | 3.1 | 2 | 16 | 11 | 21 | 14 |
| Dubbisuu | 2.9 | 2 | 8.6 | 6 | 12.9 | 9 | 24.6 | 17 |
| Jechoota | 1.4 | 1 | - | | - | | 1.4 | 1 |
| Ogbarruu | 7 | 5 | 12.8 | 9 | 7 | 5 | 26.8 | 19 |
| Ida’ama | 12.7 | 9 | 37.3 | 26 | 50 | 36 | 100 | 70 |

**Gabatee 16. Kaayyolee qorumsa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9$^{ffaa}$ barsiisaa dareetiin qophaa'e kan bara 2009A.L.I**

| **Qabiyyee** | **Kaayyolee Qorumsa Barsiisaa dareetiin qophaa'e** | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | Beekumsa | | Hubannaa | | Kaayyolee olaanoo | | Ida’ama | |
| | % | Baay'ina | % | Baay'ina | % | Baay'ina | % | Baay'ina |
| Seerluga | 27 | 19 | 42.9 | 30 | - | | 70 | 49 |
| Dhaggeeffachuu | | - | | - | - | | - | |
| Dubbachuu | | - | | - | - | | - | |
| Barreessuu | | - | | - | 3 | 2 | 3 | 2 |
| Dubbisuu | | - | 2.8 | 2 | - | | 3 | 2 |
| Jechoota | 4.3 | 3 | 2.8 | 2 | - | | 7 | 5 |
| Ogbarruu | 8.6 | 6 | 8.6 | 6 | - | | 17 | 12 |
| Ida’ama | 39.9 | 28 | 57.1 | 40 | 3 | 2 | 100 | 70 |

Akkuma gabatee15 fi 16 irraa hubachuun danda'amu, qorumsi barnoota Afaan Oromoo kutaa 9$^{ffaa}$ barsiisaa dareetiin qophaa'e kan bara 2009A.L.I kenname kaayyolee silabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 9$^{ffaa}$ kan bu'uureffate miti. Sababni isaas gaaffileen bara 2009 A.L.I gaafataman kunniin gosoota silabasii hunda kan ofkeessatti haammatan waan hintaaneef .Fakkeenyaaf, gaaffileen kaayyoo olaanoo galma ga'uusaanii madaaluuf gaafataman qabiyyeewwan jiran keessaa barreessuuf %16 kennameefii osoo jiruu qorumsicha keessatti %3 kennameeraaf. Qabiyyeewwan hafan keessaa kan qorumsicharratti dhufe hinjiru. Kaayyolee gadaanoo kanneen beekumsaafi hubannoo galma gahuusaanii madaaluuf gaafatamanillee qabiyyeewwa muraasa keessaa kan qophaa'aniifi haala xiyyeeffannoon silabasii keessatti kennameefiin miti. Fakkeenyaaf, gaaffileen kaayyoo beekumsaa galma gahuusaa madaaluuf qabiyyeewwan kanneen akka dhaggeeffachuufi dubbachuu keessaa qophaa'uun gaafataman tokkollee hinjiru.Kaayyoodhuma beekumsa kanaa madaaluuf xiyyeeffannoon silabasii keessatti jechootaaf %1.4 ta'ee osoo jiruu qorumsicha kana keessatti %4.3, hogbarruuf silabasii keessatti %7 yommuu ta'u, qorumsicha keessatti %8.6 , dubbisuu silabasii keessatti %2.9 kennameefii osoo jiruu qorumsicha keessatti immoo homtuu hinkennamneef. Akkumas, seerlugaaf silabasii keessatti xiyyeeffannoon tokkollee osoo hinkennamiin qorumsicha keessatti immoo %27 kennameeraaf.kaayyoo hubannoo galma gahuusaa madaaluufqabiyyeewwan akka dhaggeeffachuu, dubbachuufi barreessuuf silabasii keessatti xiyyeeffannoo argatuyyuu qorumsicha keessatti tokkoyyuu hinbaane. kaayyoo hubannoo kana madaaluuf xiyyeeffannoon silabasii keessatti seerlugaaf %8.6, dubbisuuf %8.6, ogbarruuf %12.8 yoo kennamuuf, qorumsa kana keessatti ammoo xiyyeeffannoo seerlugaaf %42.9,dubbisuuf %2.8

akkasumas ogbarruuf immoo %8.6 argataniiru. haa ta'u malee, jechootaaf silabasiin xiyyeeffaannoo osoo hinkenniin qormaata keessatti %2.8 argateera.

Walumaagalatti odeeffannoo kanarraa kan hubatamu qorumsi xumura barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa bara 2009A.L.I kenname kaayyolee silabasiifi qajeelcha barsiisaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa galma gahuufi dhiisuusaa kan hinmirkaneessinedha. Kanaafuu, ragaan kun qorumsichi gahumsa qabiyyee kan hinqabne ta'uu mirkaneessa. Haaluma kanaan dhimma kaayyolee silabasiifi qormaataa walsimuufi walsimuu dhiisuusaa afgaaffii barsiisota torbaa (7)f dhiyeessiteef barsiisonni shan(5) walsima yeroo jedhan, barsiisonni lama(2) walhinsimu jechuun deebisaniiru. Deebii afgaaffii kanarraa kan hubatamu barsiisonni baay'een walsimu jechuun yoo deebisan, barsiisonni muraasni ammoo walhinsimu jechuun deebisaniiru. Odeeffannoo kun kan ragaan argame faana walfaalleessa. Akka qorattuun kun hubattetti kan barsiisonni afaaniin dubbataniifi qormaanni isaan baasan waliin yeroo madaaltu kan walhinsimne ta'uusaati. Kanaafuu barsiisonni irra caalaan isaanii qormaata baasanillee kan qabiyyeen jedhuun baasuufi dhiisuusaaniillee kan hinbeekne ta'uu isaaniiti.

## 5.Argannoo

Argannoowwan qorannoo kanaan bira ga'amanis kanneen armaan gaditti tarreeffamanidha.

1. Qabiyyeewwan gurguddoon silabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaafi qorumsa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa barsiisaa dareen qophaa'an kan baroota 2007-2009 faana gartokkoon walhinsiman.
2. Baay'inni Wayitii/yeroo qabiyyeewwan gurguddaa silabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaaf ramadamaniifi qorumsa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa barsiisaa dareetiin baroota 2007 - 2009 qophaa'anii gaafataman faana walhinsimu.
3. Qorumsawwan barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa baroota 2007-2009tti kennamaa turan kaayyolee silabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa kan hin bu'ureeffannedha.
4. Maddi rakkoo qorumsa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa ga'umsa qabiyyee dhabuu, barsiisonni qorumsa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa qopheessan gabatee murteessituu qorumsaa qopheessuun waan itti hinfayyadamineef.
5. Qormaanni baroota 2007,2008,2009 kennamaa turan kunniin kan bahan kunniin kan jijjiirama hinqabnedha.

Walumaagalatti, argannoowwan armaan olii irraatti hundaa'uun qorumsawwan barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa baroota 2007, 2008fi 2009tti kennamaa turan ga'umsa qabiyyee kan hinqabne ta'uunsaa irragahameera.

## 5.1Yaboo

Qorattuun qorannoo kana erga gaggeessitee booda yaada furmaataa ta'uu kan danda'u akka armaan gadiitti dhiyeessite

1. Barsiistonni qorumsa daree qopheessan qabiyyee Silabasii barnootaa keessa jiruufi qabiyyee gaaffiilee qorumsa qopheessan waliin akka walsimutti xiyyeefannoon osoo qopheessanii rakkina mul'atu kanaaf furmaata ta'a.
2. Barsiistonni qorumsa daree qopheessan wayitii qabiyyee Silabasii barnootaa tokkoo tokkoo isaaniif kenname bu'uurefachuun gaaffiilee qorumsaa qopheessan baay'ina weeyitichaa waliin akka walsimuuf gabatee murteesituu osoo itti fayadamanii gaarii ta'a.
3. Barsiistonni qorumsa daree qopheessan kaayyoo silabasii barnootichi of keessatti hammachuu danda'uun ofeegganoo guddaa taasisuun gaaffilee qorumsaa qopheessan kana waliin walsimsiisuun qopheessuu otoo danda'anii rakkinichi salphachuu ni mala.
4. Qorumsa sirrii ta'eefi barataa sirriitti madaaluu danda'u qopheesuuf leecalloo gahaa waan gaafatuuf jecha bulchiifni mana barumsaas ta'e waajirri barnoota aanaa dhiyeessi gahaa ta'e osoo taasisisee gaarii ta'a.

5. Hangi barattootaa daree tokko keessatti baratan madaallii dandeettii afaanii kan akka dubbachuu fi dhaggeefachuu madaaluuf mijataa ta'uu qaba. Kanammoo wajjirri barnootaa dabalata daree, humna barsiisaa gahaa ta'eefi meeshaalee kanaaf barbaachisan hanga danda'ametti osoo mijeessanii rakkinni kun ni furama

## Wabiilee


Alderson Ch, J.(1981). *Issuse In Language Testing:ELT Documents.*The Brithsh Councile.

Alderson, J.C. &et.al (1995**).***Language Test construction and Evaluation*. Great Britain.

Allen, J.P.B. and Davies, A.(ED) .(19977). *Testing and experimental methods*.The Edinburgh course in applied linguistics, volume four. London: Oxford university press.

Allison,D(1999). *Language Testing and Evaluation. An introductory course*: Singapore university press.

Anderson, C. J. & Bachman, F. L. (Eds.). 2006. *Assessing young language learners*. Cambridge, New York: Cambridge University Press.

Argaw Sileshi (2004). The Content Validity of the EGSEC English Language Examination.(Unpublished MA thesis), Addis Ababa university.

Atkins, J. & et.al (1996).*Skills Development Methodology Part 2*. Addis Ababa: Addis Ababa university printing press.

Bachman, L. and Palmer, A. (1996).*Language testing in practice*. Oxford: Oxford University Press.

Bachman, L.F. (1990). *Fundamental Considarations in Language Testing*. Oxford: Oxford university press.

Baker, David .(1989). *Language Testing a critical survey and practical Guide*. Puplished in Great Britain: Edward Arnold.

Black, P. & William, D. (1998).*Inside the Black Box: Raising Standards through Classroom Assessment*. London: School of Education, King's College.

Brown, D.J. (1996). *Testing in Language programs*.Printed in the United States of America.

Brown, H.D .(1994). *Principles of Language Learning and Teaching*, Third Edition. United States of America: Tina Carver.

Brown, H.D. (2004). *Language Assessement Principles And Classroom Practice*. An Interactive Approach To Language Pedagogy. 2nd Edt.White Plains, NY: Pearson Education.

Brown, H.D. (1980). *Principles of Language Learning and Teaching*. United States of America: Prentice-hall, Inc.

Brown, J. D. 2012. Choosing the right type of assessment, In C. Coombe, S. J. Stoynoff, P. Davidson, & B. O"Sullivan (Eds.), The Cambridge guide to language assessment (pp. 133-139). Cambridge, UK: Cambridge University Press.

Byrne, D. (1980). *English Teaching Perspeetives***.** London: Longman Group Ltd. Cambridge university press.

Clark, I. (2008). *Assessment is for learning*: Formative assessment andpositive learning Interactions.Florida Journal of EducationalAdministration and Policy.

Creswell, J. 2009. *Research designs (4th ed.)*. University of Nebraska-Lincon: SAGE Publications, Inc.

Cumming A. & Berwick, R. (1996).*Validation in Language Testing*. Great Britain: The Cromwell press.

Devies, A. (1996).*Language Testing Symposium*.London: Oxford University Press.

Djuric, M. 2008. Dealing with situations of positive and negative washback. *Scripta Manent*, 4 (1): 14-27.

Fulcher, G. and Davidson, F. (2007**).***Language Testing and Assessment*: An advanced resourse book. USA: Routledge.

Green, A. 2007. Washback to learning outcomes: A comparative study of IELTS preparation and university pre-sessional language courses. *Assessment in Education*, 7 (2): 75-97.

Guma, A. 2010. *The Impact of test content validity on language teaching and learning.* Shaqra University: Shaqra University press.

Hailu Desta. (2015). Assessing the content validity of teacher made tests in EFL class: in the case of Grade 11 at Ambo Preparatory school. Ambo University, (unpublished MA Thesis).

Haines, C. (2004). *Assessing students' Written Work, Marking Essays and Reports*, Great Britain: TJ International Ltd, padstow, Cornwall.

Harrison, A. (1989). *A language Testing.Handbook*, London. Macmillan Published, Ltd.

Harrison, A.(1983). A *Language Testing Hand Book*. London: Macmillan publisher Ltd.

Hawkey, R. 2006. *Impact theory and practice.* New York: Cambridge University Press.

Heaton, J.B . (1975). *Writing English Language Tests*. Hong Kong: yu Luen offser printing Factory Ltd.

Heaton, J.B. (1988). *Writing English Language Tests*. Hong Kong: Longman group (FE) Ltd.

Hughes, A. (1989). *Testing for Language Teachers*. Great Britain: Cambridge university press.

Hughes, A. 2003. *Testing for language teachers (2nd ed.).* Cambridge: Cambridge University Press.

Jaayilaan Amaan. (2007). Qaacessa Ga'umsa Qabiyyee Qorumsa Guutuu Biyyaa xumura kutaa 10ffaa: Barumsa Afaan Oromoo (2006). Yuunivarsiitii Addis Ababaa (Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa hin maxxansamne).

Jawaar Saanii. (2007) Qaaccessa Ga'umsa Qabiyyee Qorumsa Guutuu Biyyaa Afaan Oromoo kan kutaa 10 (Bara 2004-2006). Yuunivarsiitii Addis Abaabaa (Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa hin maxxansamne).

Joseph,Sh.(2011). *Manual for Language Testing Development and Examining*.Council of Europe, Strasbourg.

Khan, I. S. 2013. Examination washback over learning and teaching. *Journal of Education and Practice*, 6 (1): 4-5.

Madsen, H.S.(1983). *Techniques in Testing*. Hong Kong: Oxford university press.

McNamara, T. (2000).*Language Testing*. Hong Kong: Oxford university press.

Melkamu Abate (2007). The Washback Effect of Grade Ten English Language (EGSEC) Examination.(Unpublished MA thesis), Addis Ababa University.

Motuma Hirpasa (2014). An assessment of the Students' Reading Ability in Higher Institutions: The Case of Asela College of Teacher Education.*Journal of Science and Sustainable Development (JSSD*), (1). 2. Pp.76-95.

Motuma Hirpassa (2018) *Content Validity of EFL Teacher-made Examination*: The Case of *Communicative English Skills Course at Ambo University, East African Social Science Journal.3(1)79-102.*

MotumaHirpasa(2015).The Changing Role of the University TEFL Teacher in Improving the Students Communicative English Skill: From Passive Technician to Reflective Practitioner; Journal of Science and Sustainable Development (JSSD), 2015, 3(1), 133-155

Notar, C. E., Zuelke, D. C., Wilson, J. D., Yunker, B. D. (2004). *The table of Specifications: Insuring accountability in Teacher-made Tests*. Journal of Instructional Psychology, June, 2004.

Oller, J.W. (1979**).** *Language Tests at school*. United States of America: Long man Inc.

Popham, W. J. (2008b). *Transformative Assessment.* Alexandria: 1703 North Beauregard Street.

Sharma, R. (2000). *Fundamentals of Educational Research*. Mcerut: Inter Publishing House.

Taasisa Kumsaa (2010). Qaacceesaa Ga'umsa Qabiyyee Qorumsa Guutuu Biyyaa Barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa (2007 – 2009). Yuunivarsiitii Addis Ababaa (Waraqaa Qorannoo Digirii Lamaffaa hin maxansamne).

Taylor, L. 2005. Washback and impact. *Key concepts in elt*, 154 .

Thaidan, R. 2015. Washback in language testing. *International Journal of Science and Research*, 7.

Ur P.(1996). *Acourse InLanguage Teaching Practice and Theory* .combridge: combridge university press.

Weir, C. J. 2005. *Language testing and validation.* Palgrave Macmillan: Martin"s Press.

Weir, C.G. (1990).*Communicative Language Testing*. Great Britain: Dotesios Ltd, Trowbridge, Wiltshire.

Wiersma, W. & Jurs, S.G. (1985).*Educational Measurement and Testing*. United States of America: Allya and Bacon, Inc.

Wiggins, G. (1989). *A true test: Toward more authentic and equitable assessment*. Phi Delta Kappan, 70:703-710.

Wolming, S. & Wikstrom, C. 2010. The concept of validity in theory and practice: Assessment in Education, *Principles, Policy & Practice*, 17 (2): 117-132.